Journal of Universal Sciences and Technology,
Vol: 2 (2). P: 60-85, July 2023
Available online: http://just.dadu.edu.et
Research Article

Xiinxala Itti fayyadama loogotaa Afaan Oromoo Barsiisuu keessatti: Dhaabilee barnoota ol'aanaa filatamanrratti kan xiyyeeffate

Ashennaafii Tarrafaa[1], Wandimmuu Taganyee[2], Alamuu Waaqgaarii[3]

[1]YuunivarsiitiiWallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa
E-mail: mohuum.2008@gmail.com
[2]Yuunivarsiitii Amboo Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa
[3]Yuunivarsiitii Wallaggaa Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa

AXAREERA

Waa'een itti fayyadama loogaa barnoota afaanii keessatti dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uun isaa gama ogeessootaafi qorattoota afaaniin irratti waliigalamus, haalli hojiirra oolmaa isaa ammallee kan gaaffii keessa galee jirudha. Kanaaf, Kaayyoon qorannoo kanaa, haalli itti fayyadama loogaa, Afaan Oromoo barsiisuu keessatti maal akka fakkatu xinxaaluufi adeemsa itti fayyadamaa keessatti rakkoolee mudatan adda baasuun yaada furmaataa kennuudha.Kaayyoo kana galmaan ga'uuf, saxaxa qorannoo ibsaa keessatti malli dhiyaannaa makaa hojiirra ooleera. Qorannoon kun keessumaayyuu haala raawwii barsiisotaa kan xiinxalu ta'us, barattootniifi barsiisotni akka barbaachisummaa isaatti mala iddatteessuu carraafi akkayyoon filamuun ragaan guurameera. Haluma kaanan, barattoonni 52 barsiisotni 20 qoqqooddii loogaa isaanii irratti hundaa'anii akka iddattootti filatamaniiru. Gama kaaniin, Jechootni qabiyyee yaadannoo gosoota koorsii garaagaraa barsiisotni qopheessan keessaa 200 kan kaayyoon iddatteeffamanidha.Walumaa galatti, ragaalee hammamtaafi akkamtaa walitti fiduun rog-sadeessuun xiinxalameera. Argannoowwan akka mul'isanitti,qindoominaafi tokkummaa dhabuu itti fayyadama loogaa,itti fayyadamni loogaa fedhiifi seenduubee garaagarummaa barattootaa kan gidduu gala hingodhanne ta'uu, muuxannoon garaagarummaa loogaa barsiisotaa gadaanaa ta'uu,faca'insi jechootaa naannoo loogaa garaagaraa yaadannoo keessaa walmadaalaa ta'uu dhabuu fa'idha. Rakkoolee kanneen furuu keessatti, barsiisota gahoomsuurratti hojjachuu, sirna barnootaa fooyyeessuu, imaammata itti fayyadama loogaa mirkaneessu qopheessuu akkasumas afaan karoorsuun (waltaasisuun) komee gama fayyadamtoota garaagaraan ka'an furuurratti hojjachuun fala ta'a.

Jechoota ijoo: *Itti fayyadama, looga, Afaan Oromoo, Barsiisuu*

How to cite: *Ashennaafii Tarrafaa, Wandimmuu Taganyee, Alamuu Waaqgaarii(2023). Xiinxala Itti fayyadama loogotaa Afaan Oromoo Barsiisuu keessatti: Dhaabilee barnoota ol'aanaa filatamanrratti kan xiyyeeffate.Journ.Univer. Scien & Techn.. Vol:2(2). P: 60-85.*

SEENSA

1. Seenduubee Qorannoo

Afaan Oromoon dhaabilee barnootaa garaagaraa keessatti afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa jiraachuun isaa kan haalamu miti haata'u malee haala raawwii barnootaan walqabatee gufuuwwan ammallee ogeessoota afaan barsiisuurratti kallattiin qooda fudhatan,kanneen meeshaalee barnootaaf ta'u qopheessan akkasumas kanneen afaanicha hammayyeessuu ykn guddisuurratti hojjatan mudatan jiru; kanneen keessaa itti fayyadamani loogaa dhimmoota rakkoo kenniinsa barnootaa keessaa isa tokkodha (Wondimmuu 2015;Chimdii & Iristee 2019). Kallattiin qorannoo kanaas, adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama loogaa maal akka fakkaatu xiinxaluun rakkoolee itti fayyadamaan walqabatanii mudatan adda baasuun furmaata isaa eeruudha.

Kanumaan walqabatee, Wolfram & Cullinan (2014), itti fayyadama afaanii keessatti, barsiisonni garaagarummaa afaanii (loogni) giddugala godhachuun baruufi barsiisuu geggeessuun, barattootni waa'ee afaan barnootaa baratanii sanarratti hubannoo guutuu akka qabaatan gochuurratti gahee olaanaa qabaachuu isaa akkana jechuun ibsu: "More attention needs to be paid to language use in real life situations, including the use of different varieties. Providing knowledge about variation to our students would be one way to help them reach a more complete understanding of the target language." Kun, barsiisotni, koorsiiwwan Afaan Oromoo garaagaraa barsiisan keessatti, looga garaagaraa fayyadamuun hubannoo barattoota isaanii cimsuurratti wantootni akka hanqinaatti mul'atan jiru waan ta'eef, barattoota isaanii bu'uura beekumsaa kana qabsiisanii barsiisuun itti gaafatamummaa isaanii ba'uu qabu jechuudha.

Papapavou & Pavlos (2007), yaaduma olitti kaase kana ka'umsa godhachuun, dhimma garaagarummaa haala bu'aa qabeessa ta'een hojiirra oolchuurratti, amantaa barsiisotni garaagarummaarratti qaban, haalli hojiirra oolmaa maleenya barnootaa akkasumas haalli qophii kitaaba barattootaa dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu isaa walqabsiisuun kaasa. Kanas akkana jechuun ibseera:"In order to implement the knowledge about variation so effectively, we need to start with the recognition of teachers' beliefs and pedagogical practices regarding variation, as well as the examination of the treatment that textbooks give to this issue."

Akka yaadni hayyootaa hubachiisutti, Afaan barsiisuu keessatti, kallattiinis ta'e al-kallattiin, meeshaaleen barnootaa afaanii kanneen akka sirna barnootaa, haalli qophii

kitaabaa akkasumas haalli raawwii qabatamaa barsiisaa adeemsa itti fayyadama afaanii (loogaa) daree barnootaa keessaa, gahee mataa isaanii akka qabaatan hubachuun danda'ameera. Kana dhugoomsuurrattis irra jireessaan, amantaafi raawwiin hojii barsiisaa murteessaa ta'uu isaa ibsu. Qorattootni kunniinis, Afaan Oromoon loogota garaagaraa qabu kun, itti fayyadamaan walqabatee adeemsa afaan barsiisuu keessatti haalli ilaalchaafi raawwii isaa gahumsaan hojiirra ooluu kan qabu ta'uu itti amanu.

Haata'u malee, dhimmi garaagarummaa afaanii (loogni) dhimmoota bu'uuraa xiyyeeffannoo argachuu qaban keessaa isa tokko ta'us, ammallee dhimma ykn gaaffii deebii hinarganneefi qorannoo barbaadu ta'uu isaa, Adger & Christian (2007), "Learners are trained in order to develop their grammatical, textual, illocutionary, and sociolinguistic skills in the classes. However, one aspect of sociolinguistics, dialectal variation, is still not fully addressed" jechuun ibsu.

Yaadni kun,barattootni afaanii kan isaan leenji'an,haala hunda galeessa ta'een jechuunis:seerluga afaanii barachuu,afaan haala galumsa isaaniin barachuu akkasumas dandeettiiwwan xiinqooqa hawaasummaa isaanii gabbifachuuf kan baratan ta'uu ibsa; garuu, kanneen keessaa dhimma xinqooqa hawaasummaa (garaagarummaa loogaa) dhimma xiyyeeffannoo barbaadu osoo ta'ee jiruu kana tilmaama keessa galchuun barsiisuu dhabuun,barattoota gara looga barsiisaa barattootni dareen alatti dubbachuuf carraa hinargannetti harkisuun ykn luucceessuun barsiisuun kan mul'atu ta'uu mirkaneessa. Qorannoo kana geggeessuufis sababni bu'uuraa, dhimma garaagarummaa afaanii (loogaa) gidduugala godhachuun fedhii,muuxannoofi seenduubee barattootaa eeguun barsiisuun milkaa'ina hunda galeessaa barnoota afaanii mirkaneessuun rakkoo ta'uufi ammallee dhimma deebii quubsaa hinargatiin jiruufi fala barbaadu ta'uu isaati.

Qorannoowwan muraasa geggeeffaman keessaa akka fakkeenyaatti, Cheshire(2005), loogoota afaanoota garaagaraa addunyaa keessaa, loogawwan Afaan Ingilizii bu'uura godhachuun, muuxannoowwan itti fayyadama loogotaa barnoota afaanii biyyoota Awurooppaa garaa garaa, kanneen akka: UK, Beeljiyem, Deenmaarkiifi Jarman adda addatti ilaaluun xiinxaluu danda'eera. Xiinxala isaa kana keessattis, adeemsi afaan barsiisuu itti fayyadama loogaan walqabate akka mul'isutti, faayidaan inni barattootaaf akkasumas barnoota afaaniif qabu madaaluu dhabuun, seenduubee garaagarummaa loogaa barattoota biyyoota garaagaraarraa dhufaniif xiyyeeffannoon kennamu laafaa ta'uu isaa ibsa.Bu'aan qorannoo isaa looga

barnoota afaaniin walqabsiisuun geggeeffame kun immoo, qorattoota kanneen dabalatee qorattoota xiinqooqaaf kaka'umsa gaarii ta'uu danda'eera.

Gama kaaniin, Yiakoumetti (2006), mala itti fayyadama loogaa imaammataa barnootaan walqabsiistee ibsite keessatti, itti fayyadamni loogaa biyya tokkoo, kan haala qophii imaammata barnootaa biyya tokkoorratti duufe ta'uu ibsiti. Kanaafuu, hanga yoonaa akka biyya keenyaatti imaammatni itti fayyadama loogaa qajeelchu hinjiru garuu akka yaada qorataa kanaatti, loogni waalta'aas ta'e hin waalta'iin, akka barbaachisummaa isaatti, akka mala barnootaatti walduukaa ykn walcinaa osoo hojiirra oolan gaarii ta'a.

Afaan Oromoon afaan saba guddaa, afaanota gurguddoo Itoophiyaa keessatti bal'inaan dubbataman akkasumas biyyoota Afriikaa hedduu keessatti dubbataman keessaa isa tokkoofi bu'uuraati.Afaan kun, afaan barnootaa, afaan sabhimaalee, afaan seeraa, afaan qo'annoofi qorannoo, afaan hojii waajiraalee erga ta'ee xiqqoo bubbuleera. Haata'u malee,qorataan waan kanaan dura taajjabeefi muuxannoo jirurraa ka'uun,afaan barsiisuu keessatti imaammata itti fayyadama loogaa mirkaneessu dhabuun walqabatee, akka feetummaa,tokkummaa akkasumas qindoomina dhabuu itti fayyadama loogaa gama barsiisaan kan mul'atu ta'uu hubate; barsiisaan looga kaayyoo maaliifi haala akkamii keessatti akka fayyadamu wallaaluun, rakkoolee Afaan Oromoo barsiisuu keessatti mudataniif sababa ta'uun guddina afaanichaa hanga tokko duubatti kan harkisuu ykn quucarsuu danda'u ta'uu tilmaame; Qorannoo kanaatiifis dhimmoota irra caalaa ka'umsa ta'anidha.

Qorannichi kaninni geggeeffame, afaan barsiisuu, keessumattuu koorsiilee adda addaa kanneen akka dirreewwan qo'annoo Xiinqooqaa,dandeettiiwwanifi oguma waliin walqabatee, dhaabilee barnootaa olaanaa muummee Afaan Oromoofi ogbarruu keessatti, Afaan Oromoo akka digrii tokkoffaatti barsiisanirrattidha. Qoqqooddii loogaan walqabatee, akkaataa qoqqooddii loogotaa Kabbadaa(2012), loogootni Afaan Oromoo jahan keessaa shanan jechuunis:Loogni Dhihaa (Wollagga, Iluu Abbaa Booraa, Jimma), Loogni Gidduugalaa(Shawaa), Loogni Bahaa(Harar), Loogni Kibba Bahaa(Arsiifi Baalee) fi Looga Kibbaa(Booranaafi Gujii) kan keessatti hammatamani dha.

Walumaa galatti, kaayyoon qorannoo kanaa, adeemsa afaan barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama loogota Afaan Oromoo dhaabbilee barnoota olaanaa keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluun yaada furmaataa eeruudha Akkuma Wolfram & Cullinan

(2014) “In higher education, dialect which is an element of diversity does have a role in academic experiences but it has previously received little attention in research”(Fuula 62) jechuun argannoo isaanii keessatti ibsanitti,qorannoon dhaabbiilee barnootaa olaanaa keessatti loogaan walqabatee geggeeffamu laafaa ta’uufi ammallee kan xiyyeeffannoo hinargatiin jiru ta’uu isaa ibsu.

Akka fakkeenyaatti, Birhaanuu (2010), ilaalchi, beekumsi, muuxannoofi obsi barsiisotni, adeemsa ittifayyadama loogaa keessatti qaban quubsaa kan hintaaneefi kun immoo barsiisoota loogiif kan isaan saaxile ta’uu isaa argannoo isaan mirkaneesseera. Qabxiileen kunneen haaluma walfakkaatuun qaama xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta’anii ni xiinxalamu garuu akka qaawwa qabiyyeetti (content gap) gama tokkoon kan qorataan kun adda baase, itti fayyadamni loogaa haala imaammata waliin walhidhata qabuun qoratamee hin dhiyaatiin jira.Gama kaaniin,akkuma qorannoo kanaa,adeemsa dokimantii qaacceessuu keessatti haalli itti fayyadama loogaa hubannoo barattootaarratti dhiibbaa qabachuu isaa xiinxaluurratti kan xiyyeeffate ta’us, garaagarummaan loogaa jiraachuu adda baasuun ibsuurraa kan hafe, gadi fageenyaan unkaafi hiika jechoota qabiyyeerratti kan hundaa’eefi gama tokkummaafi garaagarummaa itti fayyadama loogota naannoo garaagaraan walbira qabamuun kan xiinxalamee dhiyaate miti.

Kanaafuu, qaawwi tokko tokko gama qorattootaan mul’ataniifi rakkoolee qabatamaan baruufi barsiisuu Afaan Oromoo dhaabbiilee barnoota olaanaa keessatti mul’atan adda baafamanii qorannoo kanaan kan fala argatanidha. Gaaffiileen bu’uuraa deebii barbaadanis kanneen armaan gadii ti:

- ✓ Daree barnootaa keessatti haalli Itti fayyadama loogota Afaan Oromoo barsiisaa maal fakkaata?
- ✓ Haalli faca’insa jechootaa loogota naannoo garaagaraa, yaadannoo barsiisaan barattootaaf qopheessu keessatti fayyadame hagam wal walmadaalaa dha?
- ✓ Rakkooleen Afaan Oromoo barsiisuu itti fayyadama loogaan walqabatanii mudatan kanneen akkam akkamiiti?
- ✓ Rakkooleen Afaan Oromoo barsiisuu itti fayyadama loogaan walqabatanii mudatan kanneen furuuf falli isaa maali?

Kaayyoo Qoranno

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, itti fayyadamni loogotaa adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluun yaada furmaataa kennuu dha.Kana bu’uura godhachuunis, kaayyoowwan gooreen qorannichaa kanneen armaan gadii ta’u. Isaanis:

- Haalli itti fayyadama loogota Afaan Oromoo barsiisaa daree barsiisu keessatti maal akka fakkaatu ibsuu
- Faca'insa jechootaa loogota naannoo garaagaraa, yaadannoo barsiisaan barattootaaf qopheessu keessatti, hanga itti fayyadama isaanii walbira qabuun xiinxaluun ibsuu
- Rakkoolee itti fayyadama loogotaan walqabatanii adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti mudatan adda baasuu
- Rakkoolee itti fayyadama loogotaan walqabatanii adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti mudatan furuu

Gumaacha Qorannichaa

Argannoon qorannoo kanaa, qaamoota hawaasaa garaagaraa, armaan gadii kan baruufi barsiisuu keessatti kallattiinis ta'e alkallattiin qooda fudhataniif bu'aa ni buusa jedhamee yaadama.

- Barsiisotaaf, malli baruufi barsiisuu akkasumas qophiileen barruulee meeshaalee barnootaa, haala seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchaniin akka hojiirra ooluu qaban hubannoo ni kennaaf.
- Afaan barsiisuu keessatti sababa itti fayyadama (garaagarummaa) loogaan rakkooleen gama barsiisotaan mul'atan akka hir'atan godha.
- Qaamota sadarkaa garaagaraan (sadarkaa biyyoolessaafi naannoon) imaammataafi qulqullina barnootaarratti qooda fudhataniifis galtee ta'uun ni tajaajila jedhamee yaadama. Keessumattuu, qaamni imaammata afaaniirratti hojjatu, itti fayyadama (hojiirra oolmaa) loogaa baruufi barsiisuu keessatti qajeelchu qopheessuun hojiirra oolchuurratti keessatti shoora olaanaa qaba.

Sakatta'a Barruuwwanii

Qorattootniifi ogeeyyiin afaanii garaagaraa, maalummaa loogaatiif haala garaagaraatiin hiika kennaniiru.Akka qorattoota xiinqooqa addeessaa (Descriptive linguistics) Kerswill fi Williams (2002)tti, loogni, garaagarummaa amaloota afaanii sadarkaalee dubbii, jechootaafi amaloota seerluugaa kanneen akka hedduumina mul'istuu(plural marker), haquu (deletion), itti fayyadama hi'eentaa(use of negatives), walta'iinsa mathimaafi xumuraa(subject verb agreement) fi kanneen kana fakkaataniin kan mul'atu ta'uu isaa ibsu.

Yaadni kun kaninni hubachiisu, maalummaan loogaa, haala itti fayyadama sadarkaalee caasaa afaanii waliin walqabatee, garaagarummaa dubbataa giduutti uumamu kan ibsu ta'uu isaati.Kanas Afaan Oromoo waliin haala walhidhata qabuun yeroo ibsinu, caasaaleen afaanii

Afaan Oromoo sadarkaa sagalee irraa hanga himaatti jiru, haalli itti fayyadama afaanii dubbataarratti hundaa'ee garaagarummaan kan uumamu ta'uu kan eerudha. Qorannoon kunis yaada kana ka'umsa godhachuun, itti fayyadamni loogotaa adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti maal akka fakkaatu kan ibsu yeroo ta'u, kessumaattuu, itti fayyadamni jechootaa, daree barnoota afaaniifi yaadannoo barsiisaan barattoota isaaf qopheessu keessatti maal akka fakkaatan kan xiinxale dha.

Faallaa yaada armaan oliin ammoo, Chambers & Trudgill (2004), looga, ija ilaalcha hawaasummaatiin safaruun hiikni akka kenname ibsanii jiru. Kanas: "A dialect is substandard, low status, often rustic forms of language, generally associated with the peasantry, the working class, or other groups lacking in prestige" jechuun ibsaniiru.Kana keessattis, loogni,afaan warra sadarkaa gadaanaarra jiraniifi afaan warra baadiyyaa ta'uu isaati. Kun immoo, loogni, afaan idilawaa hintaane, afaan qooliifame akkasumas afaan warra mala barreeffamaa hinqabneen dubbatamu ta'uu isaa yaada isaanii waliin walqabsiisuun tilmaamuun ulfaataa hinta'u.

Kanaafuu, Loogni,gama tokkoon, garaagarummaa afaanii dubbattoota gidduutti uumamu akka ta'etti kan ibsame yeroo ta'u,gama kaaniin ammo, akka idilawaa hintaaneefi hanqina qabutti madaalamuun ibsameera.Keessumattuu inni lammataa,hiika loogaa qorattoota durii (hammayyawaa hintaanee)fi rakkoolee ilaalchaafi itti fayyadamaa yeroo ammaa loogaan walqabatanii afaan barsiisuu keessatti uumamaniif sababa ta'a waan ta'eef, qorattootni kunniin maalummaan loogaa akka isa jalqabaatti otoo ibsameefi hubatame gaarii dha ejjennoo jedhu qabu.

Hayyootni loogaafi barnootni afaanii hariiroo cimaa qabaachuu isaa mirkaneessu. Cheshire (2007), itti fayyadama ykn hojiirra oolmaa loogaan walqabatee barnootni yoomessa akkamii keessatti mirkanaa'uu akka danda'u ilaalchisee akkana jedha: "In the educational setting, the validity and acceptance of dialects, the position accorded to standard usage, and the relationships between language and identity can all be profitably explored and, to a certain extent, understood in educational terms". Yaadni kun kaninni nu hubachiisu, dhimmootni kanneen akka, sonni loogaaf kennamuufi fudhatamummaan isaa, haalli itti fayyadama looga waalta'aa akkasumas hariiroon afaaniifi eenyummaa gidduu jiru barnoota afaanii keessatti hubatamuu ykn xiyyeeffannoo argachuu qabaachuu isaaniiti. Qorattootni kunniinis gama isaaniitiin, haala Afaan Oromoo barsiisuu keessattis osoo hubannoofi haalli raawwii dhimmoota

loogaa gidduugala godhate jiraatee gaariidha jedhanii yaadu.

Haata'umalee, dhimmi loogaa hagam xiyyeeffannoo akka argateefi hubatame ilaalchisee, Cheshire (2007), akkana jedha: "Dialect plays critical roles in education, though the magnitude is often not addressed or fully understood by educators". Kanumaan walqabsiisuun qorattootni kunniin, muuxannoo ogummaa barsiisummaa afaanii isaanii ka'umsa godhachuun, waa'een garaagarummaa afaanii(loogaa) ammallee daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti xiyyeeffannoo hinargatiin jira waan ta'eef, barnootni haala garaagarummaa barattootaa giddugala godhateen yoo geggeeffame, barnoota qulqullinni isaa eegameefi milkaa'aa ta'e mirkaneessuun kan danda'amu ta'uergama maleenya barnootaa(pedagogy) keessaa isa tokko ta'uu muuxannoo qabanirraa ka'uun ibsu.

Gama biroon, Heine (2012), "Dialects can benefit students from all linguistic backgrounds;it can provide the opportunity for students to do empirical research and to develop critical thinking skills: observation, comparison, argumentation" jedha. Kun immoo, garaagarummaan loogaa jiraachuun isaa, dandeettii waa xiinxaluu barattootaa, gama waa qalbeeffachuu, walbira qabuun ilaaluu akkasumas miira walfalmii isaanii kan cimsu waan ta'eef, jajjabeeffamuu akka qabaatudha.

Haaluma yaadawwan armaan olii cimsuun akka White (2011), ibsutti, yeroo tokko tokko barsiisaan afaanii tokko garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barsiisuun isaa akka isa rakkisuu danda'u garuu ammo garaagarummaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barsiisuun,daree barnootaa keessatti carraa hirmaannaa barattootaa kan cimsu,carraa dandeettii dubbisuufi barrreessuu barattootaa kan bal'isu, eenyummaafi hariiroo barattootaa kan ibsu akkasumas barattoota gidduutti walhubannoon akka uumamu godha waan ta'eef,akka qabeenyaatti fudhachuun itti fayyadama akkasii kana jajjabeessuu kan qabnu ta'uu yeroo ibsu akkana jedha:

> *Sometimes variation posess additional problems and challenges for language teachers, but it is part of the multicultural richness which characterizes most modern societies and should be considered a rich resource for classroom discussion*.

Ejjennoon qorattootni kunniin qabanis, akka dhiyaannaawwan qorannoo loogaa warra durii, garaagarummaan loogaa, rakkoo walquunnamtiitiif (communication barrior) madda akka ta'etti otoo hin ta'iin, akka

qabeenyaafi carraa gaariitti (opportunity) fudhatamuu qabaachuu isaa deeggaru.

Ogeessi afaanii tokko, adeemsa mala baruufi barsiisuu filachuufi hojiirra oolchuu keessatti, dhimmoota hawaasummaafi seenduubee barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuu akka qabu, White (2011), "The teacher should associate the materials to social contexts and background of students in order to be able to select the appropriate approaches for teaching language" jedha. Kun kaninni nu hubachiisu, dhiyaannaan ykn malli baruufi barsiisuu murtaa'aa ta'e tokko haala dhaabbataa ta'een hojiirra oolchuurra, haalleen tokko tokkoofi seenduubee barattootaarratti hundaa'ee jijijjiiramuun hojiirra ooluu akka danda'udha.Kanaafuu, barnoota keessatti dhimmi itti fayyadama loogaa dhimmoota gama ogeessa barnootaan(Keessumattuu,barsiisota) xiyyeeffannoo argachuu qaban keessaa isa tokko ta'a jechuudha.

Haaluma yaada armaan olii cimsuun, hayyootni, baruufi barsiisuu keessatti, barsiisaan, akka ogeessa afaanii tokkootti looga murtaa'aa ykn barnootaaf filatame tokkorratti duufuun barsiisuutu irraa eegama ta'a garuu loogoota dabalataa kaawwan waliin madaqsuun barsiisuun isaa ammoo hubannoo barattootaa cimsuun ga'umsa ogummaa isaanii ba'uu akka qabaaatan yeroo ibsan akkana jedhu:

> *A teacher should be able to adapt his speech to the situations and contacts normally expected of an educated speaker including changes required by social distinctions which will remain within a single geographic and social dialect for speaking but would include the various major dialects for understanding* (Charity & Mallinson, 2014).

Gama kaaniin, Papapavou & Pavlos (2007) "The teaching of Standard dialect should be coupled with information on the nature of dialect diversity. By giving students information about various dialects, including their own, teachers can demonstrate the integrity of the native varieties as language systems" jedhu.

Haala yaadawwan lamaan armaan olii kanneen cimsuunis Wolfram fi Cullinan (2014*)* akkana jedhu:

> *Standard dialect is a useful construct, especially for education, but it encompasses a range of dialects. A formal standard variety of language, as reflected in dictionaries and grammars, is associated with written language, but it is unlikely that anyone speaks it. Speech*

communities use an informal standard that is a more flexible variety (F.108).

Hubannoon ykn yaadrimeen waliigalaa yaada hayyootaa kanneen irraa argachuun akka danda'ametti, looga barnootaa ykn waalta'aa jedhamee filatame baruufi barsiisuu keessatti hojiirra oolchuu jechuun, garaagarummaa loogaa(keessumattuu, warreeen 'hin waaltoofne' jedhaman) dagachuu ykn simachuu dhabuu akka hintaaneefi, ogeessi afaanii tokko keessumattuu afaan dubbii keessatti loogawwan garaagaraa barattootaas akka barbaachisummaa isaaniitti walcinaa fayyadamuun barsiisuun dirqama ogummaa isaa ba'uu akka qabaatudha. Asumaanis, barsiisota dhaabilee barnootaa olaanaa keessatti koorsiilee Afaan Oromoofi ogbarruu garaagaraa kennaniifis kan dhaamsa dabarsudha.

Gama kaaniin, Nancy & Sandra (2010), dhimmoota loogaan walqabsiisuun barattootni kaayyoo maaliitiif akka barreessan hubachiisuu keessatti ammoo, "It is unreasonable to expect students to use standard grammatical, spelling etc. forms in their writing if they have not yet told for what purpose they learn; students tend to make mistakes of these kinds when they are first learning to write" jedhu.

Yaadni kun, barattoota keenya, jalqaba kaayyoo maaliitiif akka barsiifnu adda baasuun barbaachisaa akka ta'edha; "jechoota waalta'aa ykn baramaa fayyadamanii akka barreessan gochuu moo, jalqabuma looguma barattootni mana barumsaa qabatanii dhufaniin akka barreessanii yaada isaanii ibsatan gochuudha?" yaada jedhu adda baasnee booda qeequu ykn madaaluu akka qabnu kan nu hubachiisudha.

Haala yaada armaan olii kana faalleessuun immoo Trudgill (1980), akkana jedha:"In their writing, teachers should punish their students when they make errors in relation to dialect interference". Kun immoo, unki ykn ulaagaan barreeffamaa waalta'aa ta'e tokko waan jiruuf, barataan isuma bu'uura godhachuun barreessuu akka qabuufi loogawwan kaan gidduugala godhachuun barreessuun akka dogoggoraatti fudhatamuu isaa ibsa.Haata'u malee, ilaalchiifi haalli raawwii akkasii kun qalbii hayyoota afaanii hedduu hinharkifne; ejjennoon qorattoota kanneeniis kanuma.

Walumaa galatti, barsiisaan afaanii tokko akka ogeessaatti, haalleeniifi yoomessa itti fayyadama loogaa keessatti, wanti inni itti gaafatummaa fudhachuun raawwachuufi raawwachiisuu qabu ni jiraata. Kana mirkaneessuu keessatti, akkuma Wolfram & Cullinan(2014) "Teachers' abilities, training,

attitudes, and social and psychological backgrounds are also likely to affect implementation and quality of dialect-related instruction" jedhanitti, dandeettii, leenjii, ilaalchaafi seenduubeen hawaas-xiinsammuu barsiisaa hojiirra oolmaafi qulqullina barnootaa keessatti gahee ol'aanaa qabaachuu isaa kan nu hubachiisu dha.

Hayyootni maalummaa imaammata afaaniitiif bifa garaagaraatiin hiika kennaniiru. Gama tokkoon Yiakoumetti (2007), "Language policy is what a government does officially through legislation, court decisions, executive action or other means to determine the rights of individuals or groups to learn, use and maintain languages*"* jetti.

Yaadni ishee kun kaninni nu hubachiisu, imaammata afaanii baasuun gahee mootummaa yeroo ta'u, imaammatni kunis bu'uura seera biyya tokkoon,mana murtiin akkasumas qaamoota hojii raawwaachiisaniin mirkanaa'ee kan hojiirra oolu ta'ee, afaan faayidaa hawaasummaatiif akkamitti akka hojiirra oolu, afaan hojii biyyoolessaa ta'uun kan tajaajilu filachuun akkasumas mirga nama dhuunfaa ykn garee afaan ofiin barachuufi afaan ofii guddifachuu waliin walqabatee murtoo ykn odeeffannoo kan kennu ta'uu isaati.

Haaluma walfakkaatuun Getachew & Derib (2006), akkana jedhu: "The concept of language policy is mainly related to decisions rules, regulations and guidelines about the status, use, domains and territories of language and the rights of speakers under question".Yaadni kunis,yaad-rimeen imaammataa murtoo seera bulmaataa akkasumas qajeelfama waa'ee sadarkaa, itti fayyadamaa, daangaa afaaniifi mirga dubbattootaa kan murteessu ta'uu isaa kan ibsu dha.

Qorattootni kunneenis yaada armaan oliirraa wanti isaan hubatan, waa'ee haala itti fayyadama afaanii murteessuun dhimmoota xiyyeeffannoo imaammata afaanii keessaa isa tokkoofi isa bu'uuraa ta'uu isaati. Dhaabbilee mootummaa garaagaraa jiran keessaas, dhaabbatni barnootaa isa tokko ta'ee haala baruufi barsiisuu sadarkaa barnootaa ol'aanaas ta'e gad'aanaarra jiran kan qajeelchudha. Kanaafuu, imaammatni haala itti fayyadama afaanii qajeelchu qaamoota ol'aanaa baruufi barsiisuu hoogganaaniin qophaa'ee booda, qaamni kana hojiirra oolchu ykn hojiittii hiiku dhaabbata barnootaati jechuu dha. Qorattootni kunneenis baruufi barsiisuu afaanii keessatti qaamota kallattiin qooda fudhtan waan ta'aniif, rakkoolee itti fayyadama afaanii (loogaa) waliin walqabachuun gangalachaa dhufan furuuf imaammatni haala itti fayyadama afaanichaa qajeelchu osoo jiraate gaarii ta'a yaada jedhu qaban.

Kanarraa ka'uunis, rakkoolee raawwii itti fayyadama loogaan walqabatanii baruufi barsiisuu afaanii keessatti mudatan kanneen hambisuuf wanta godhamuu qaburratti hayyootni yaada falaa ykn furmaataa kaa'anii jiru Akka White (2011) and Hein (2012 yaadni isaan akka falaatti kaa'an: loogawwan garaagaraa barattootaaf ilaalcha walqixa qabaachuu,barsiisaan,barattootni garaagarummaa keessatti miira walkabajuufi waldanda'uu akka horatan hubannoo uumuu yaadannoowwan barattootaaf qophaa'anii hojiirra oolan kan garaagarummaa loogaa barattootaa giddugala godhatan ta'uu, barsiisotni yeroo barsiisan mala hunda hirmaachisaa ta'e fayyadamuu akkasumas imaammata ykn qajeelfama itti fayyadama loogaa qajeelchu qopheessuu akka ta'e ibsu.

Haaluma walfakkaatuun, Papapavou (2007) ,dhimmi loogaa madda rakkoo baruufi barsiisuu ta'uu isaafi ogeessi barnootaa rakkoo kana akkamitti akka furuu qabu ilaalchisee ammo akkana jedha:

> *Educators will thus be better equipped to handle problems of dialect that emerge. As they become more sensitive to the cultural differences that influence teaching and learning, teachers will be able to modify the ways in which they interact with dialect-speaking students to better accommodate them, not only inactual instructional methods, but in other ways as well.*

Yaadni kun, barsiisaan afaanii tokko, daree baruufi barsiisuu garaagarummaan (Fakkeenya, gama aadaan ykn loogaan) barattootaa jiru keessatti, malli ittiin barsiisu, fedhii ykn seenduubee barattootaa waliin walsimsiisuufi madaqsuun barsiisuu akka qabu dhaama.

Walumaagalatti, kaayyoon qorannoo kanaa, looga barnoota afaanii waliin walqabsiisuun, haalli itti fayyadama isaa daree barnootaa Afaan Oromoo keessattis ta'e yaadannoo barsiisaan barattoota isaaf qopheessu keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluun kan ibsuufi rakkoolee adeemsa raawwii kanneen keessatti mudatan adda baasuun yaada furmaata kennuudha.

MALLEEN QORANNOO

Qorannoo kana keessatti malli dhiyaannaa itti dhimma ba'ame mala dhiyaannaa makaati.Ragaaleen hammamtaa, adeemsa hangaafi irradeddeebii itti fayyadama loogota (filannoo jechootaa qabiyyee isaaniirratti hundaa'an) garaagaraa dokimantii (yaadannoo) barsiisaan dubbisaaf barattootaaf qopheesse keessaa filataman itti fayyadama loogaa barattootaa waliin walbira qabamanii madaalamanii booda mala lakkoofsaan kan xiinxalamanidha; ragaaleen akkamtaa ammoo,daree baruufi barsiisuu akkasumas yaadannoo barsiisaan

barattootaaf qopheessu keessatti loogoota kam kam akka fayyadaman adda baasuufi ilaalchi waliigalaa barattootniifi barsiisotni itti fayyadama loogaarratti qabanis maal akka fakkaatu xiinxalamee dhiyaatee jira.

Kayyoo qorannoo kana fiixaan basuuf, Saxaxa ibsaatu (Descriptive design) hojiirra oole.Aamalliifi taateewwan itti fayyadama loogaa keessumattuu, haala qabatamaa raawwii daree barnootaa keessaafi yaadannoo barsiisaan barattootaaf qopheessu keessatti maal akka fakkaatu, hariiroo jijjiiramtoota(vaarabiloota) isaanii haala gidduugala godhateen lakkoofsaanis ta'e jechootaan ibsuurratti saxaxa filatamaafi mijataa ta'ee argameera**.**

Iddattoofi mala iddatteessuun walqabatee, adeemsa ragaa bar-gaaffiif iddatteessuu keessatti, barattoota loogoota garaagaraarraa dhufan hunda akkuma jirutti fudhachuun rakkisaa waan ta'eef, carraa tasaa qoqqooddii garee loogaarratti hundaa'een (stratified random sampling), qoqqooddii garee loogaa isaanii bakka bu'uun, kan mala carraa tasaan iddatteeffamani dha. Qorannoo kana keessatti, lakkoofsa waliigalaa barattootaa waggaa lammaffaa keessaa 60(15*4)akka ka'umasaatti fudhachuun, bu'uura foormulaa Yemaaneen, hangi iddattoo(sample size) barattootaa yunivarsitiiwwan filatamanii afranii waliigalaan 52(barattoota 13*yunivarsitii 4) dha.Tokkoon tokkoon yunivarsiitiiwwan keessaa barattootni waggaa lammaffaa kudha sadii sadiitu filatame jechuu dha.Ragaan,tokkoon tokkoon loogotaa shanan keessaa barattoota sadi sadi irraa kan funaanamedha.

Af-gaaffiifi qaacceessa dokimantiif mala akkayyoon iddatteessuu keessatti, Yunivarsitiiwwan afran keessaa,hangi barsiisota afaanii loogota garaagaraa(shanan) irraa dhufanii haala walmadaalaa ta'een argachuun rakkisaa waan ta'eef, mala iddatteessuu miti-carraa(akkayyoo) fayyadamuun, logoota shanan keessaa barsiisota tokko tokko filachuun, waliigala yunivarsitiiwwan hunda(afran) keessaa barsiisota 20(1*5*4) akka iddattootti fudhatameera.

Mala akkamtaan jechoota qabiyyee (content words) kaayyoon iddatteessuuf, yaadannoowwan barsiisotaa koorsiilee garaagaraa barsiisanii fi seenduubee loogoota shanan irraa dhufan irraa jechoota qabiyyee xiinxaluuf mijataa ta'antu filatamae. Kanaafuu, waliigala Yunivarsitiiwwan hunda keessaa jechootni yaadannoo barsiisaan qopheesse keessaa kaayyoon filatamanii iddatteeffamuun karoorfaman 200(50*4) ta'anis, adeemsa ragaa funaanuu keessatti kan qorattootni kunneen calalanii fudhatanii xiinxalan 120 dha

Ragaaleen rog-sadeeffamuun kan xiinxalamani dha. Ragaalee rog-sadeessuun (data triangulation) mala dhiyaannaafi madden odeeffannoo garaagaraa bu'uura godhachuun geggeessuun, odeeffannoo gadi fagoofi sirrii ta'e argamsiisuu keessatti bu'aa qabeessa ta'uufi dhugummaa (reliability) odeeffannoo sanneenii mirkaneessuu akkasumas bu'aan ragaa sanaa gatii ykn fudhatamummaa (validity) akka qabaatu kan gargaare dha.

Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

Dhiyeessiifi xiinxalli ragaalee, itti fayyadamni loogotaa Afaan Oromoo daree barnootaa akkasumas yaadannoo (hand out) barsiisaan barattoota isaaf qopheessu keessatti.maal akka fakkaatu xiinxaluun ibsuufi rakkoolee itti fayyadamaan walqabatanii mudatan adda baasuun yaada furmaataa isaanii eeruurratti kan xiyyeeffatedha.Irraawwatamni qorannichaa irra caalaa, itti fayyadama loogotaa barsiisotaarratti (afaan barsiisuurratti) kan duufedha. Bu'aaleen ragaalee, bargaaffii irra deddeebiifi dhibbantaa softweerii 'SPSS'n qaacceeffaman, qaacceessa qabiyyee jechootaa (yaadannoo barsiisaan barattoota isaaf qopheesse keessaa), akkasumas bu'aalee afgaaffiin funaanamanii ibsaman, haala walcimsaniin walduraa duubaafi walcinaan bifa gabateefi jechootaan qindaa'aniifi xiinxalamanii kan dhiyaatanidha.

Looga Barsiisotni Daree Barnootaa keessatti fayyadaman

Kutaan kun, looga barsiisotni daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti fayyadaman maal akka fakkaatu xiinxaluun kan dhiyeessudha.

Gabatee 1: Looga Barsiisotni Daree Barnootaa keessatti Fayyadaman

Lakk	Gaaffiilee	Sadarkaalee										Miinii (Mean)
		BG		G		Gi		O		BO		
		Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk.	%	Lakk	%	Lakk.	%	
1	Barsiisonni daree barnootaa keessatti loogota Afaan Oromoo naannoo garaagaraa hagam fayyadamuun barsiisuu?	7	15.6	12	26.7	8	17.8	9	20.0	9	20.0	2.47

2	Jechootni barsiisonni fayyadaman looga naannoo murtaa'aa tokkoorratti hagam kan duufani dha?	8	17.8	7	15.6	5	11.1	11	24.4	14	31.1	3.85
3	Barsiisoonni 'looga idilawaa ykn barnootaa' jedhamu hagam fayyadamuun barsiisu?	6	13.6	2	4.5	17	38.6	9	20.5	10	22.7	3.01
4	Itti fayyadamni loogotaa barsiisotaa,hagam mala walquunnamtii waliigalaafi qabiyyee murtaa'aa koorsii barnootaa kan adda baase dha ?	5	11.1	15	33.3	15	33.3	8	17.8	2	4.4	2.92
5	Itti Fayyadamni jechootaa barsiisotaa,hiika jechootaa loogota garaagaraa hagam gidduugala godhachuun ykn walbira qabuun kan xiinxaludha?	6	13.3	15	33.3	4	8.9	6	13.3	14	31.1	2.44

Furtuu: BG=Baay'ee Gad'aanaa **G=**Gad'aanaa **Gi=**Gidduugaleessa **O=**Ol'aanaa **BO=**Baay'ee Ol'aanaa

Gabatee kana keessatti itti fayyadama loogaan walqabatee ragaan gaaffii jalqabaa irraa argame akka mul'isutti,barsiisootni afaan barsiisuu keessatti,adeemsa itti fayyadama loogaa keessa garaagarummaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessa akka galchanirratti gaaffii dhiyaaterratti akka qorataan odeeffatetti, irri caalaa isaanii,12(26.7%),'gadaanaa' ta'uu ibsu.Barsiisotnis gama isaaniin,yeroo daree keessatti barsiisan,irra caalaa isaanii loogota garaagaraa Oromiyaa keessa jiran gidduugala godhachuun barsiisuuf yaaluu isaanii ibsaniiru; kana jechuun garuu,fayyadamiinsi loogaa isaanii adeemsa afaan barsiisuu keessaa guutuufi mudaa irraa bilisa kan ta'e akka hintaane odeeffatu; dabaluunis,.daree barnootaa keessatti barsiisuun kun isa akka yaadannoo qopheessuu sana hanga ta'e itti yaadanii barreessan sana yeroo hinkennu waan ta'eef,osoo hinbeekiniifi adeemsa ariitiidhaan barsiisuu keessa waa'ee

garaagarummaatiif kan xiyyeeffannoo hinkennine ta'uu ibsu.

Kanaafuu, Ragaalee bar-gaaffiifi af-gaaffiirraa wanti hubatame, barsiisotni irri caalaa daree barnoota keessatti, daree garaagarummaan loogaa barattootaa jiru keessa haala fedhiifi seenduubee barattootaa xiyyeeffannoo keessa galcheen barsiisuurratti raawwiin isaan qaban gammachiisaa kan hintaane ta'uu isaati.

Gama kaaniin, ragaan gabatee gaaffii lammataa akka mul'isutti, harki caalaa odeeffannoo kennitootaa,14(31.1%), daree barnootaa keessatti haalli itti fayyadama loogaa barsiisaa gara looga naannoo tokkoo ykn ofii isaatti kan luucca'e ta'uu mirkaneessa. Barsiisotnis gama isaaniitiin, kallattiinis ta'e al-kallattiin yeroo yaada isaanii ibsan, yeroo barsiisan irra caalaa gara looga isaaniitti harkifamuu isaanii dubbatu garuu"Wondimun, Derebsa(2006) wabeeffachuun:

> *"The use of the students' variety in education enables the students to use their own potential and helps them to achieve 'deep learning.' Besides, the consideration of dialects in education enhances the social, cognitive, emotional and linguistic development of learners' in and out of school*" jedheera.

Kun ammoo, gara looga tokkoo ykn barsiisaa qofaatti harkifamuun barsiifamuun kun beekumsa, dandeettiifi hubannoo barattootaa akkasumas hiikawwan fakkoommii barnoota afaanii itti fayyadama looga duuba jiran daangessuun barnoota afaanii kan gufachiisu ta'uu isaa hubachuun ulfaataa hinta'u.

Ragaan bar-gaaffii sadaffaarraa argame akka mul'isutti, odeeffannoo kennitootni lakkoofsa caalmaa qaban, 17(38.6%),yeroo baay'ee loogni barsiisaan adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti fayyadamu isa idilaawaa ykn barnootaa hagam akka fayyadaman gaafataman keessatti yaadni isaan qaban, ol'aanaas gad'aanaas otoo hinta'iin giddugaleessa ta'uu agarsiisa. Akka barsiisotarraas af-gaaffiin odeeffachuun danda'amettis, barsiisotni hedduun isaanii"looga barnootaa ykn idilawaa" jedhanii fayyadamuun barsiisuu isaanii ibsu garuu looga barnootaaf ta'u filachuun haala walfakkaatuun hojiirra oolchuurratti kan rakkatan ta'uufi afaan ittiin barsiisaa jiraniin maddoota dhabuu isaanii ta'uu dubbatu. Haaluma walfakkaatuun, jechootni idilawaa jechuun barsiisotni itti dhimma ba'an ykn fayyadaman, hawaasa keessatti jechoota safuu ta'uutu hubatame. Fakkeenyaaf, *jechi **'saala'** jedhu,Gujii biratti jecha qaaniidha.*

Nancy & Sandra(2010), "The teaching of Standard dialect should be coupled with

information on the nature of dialect diversity. By giving students information about various dialects, including their own, teachers can demonstrate the integrity of the native varieties as language systems*"* jedha.Kanaafuu,adeemsa looga idilaawaa ykn barnoota jedhamu cimsuu keessatti,qaawwa gama kanaan mul'atu duuchuuf, looga gama tokkoon qabeenya keenyadha jedhamee yaadamu(looga garaagaraa ykn isa hinwaalta'iin) kunis gaheee akka taphatu gochuufi gara idilummaatti fiduun, carraa walhubannoo bal'isuun rakkoolee afaan barsiisuu keessatti mudachuu danda'an hir'isuun kan danda'amu ta'uu hubachiisa.

Gabatee kana keessatti, afaan barsiisuun walqabatee barsiisaan daree barnootaa keessatti itti fayyadamni loogota isaa hagam mala walquunnamtii waliigalaafi qabiyyee murtaa'aa koorsii barsiisuu kan adda baase ta'uu isaa mirkaneeffachuuf bargaaffii dhiyaateen,odeeffattootni harki guddaa sadarkeessa lamaanii,15(33.3%),sadarkaan adda baasuun itti fayyadamuu barsiisaa 'gad'aanaa ta'uu ragaa ba'u. Gaaffii afaaniin barattootaaf dhiyaaterraa ragaan argame akka mirkaneessutti, barsiisota lakkoofsaan baay'ee muraasa ta'an qofti, akka waliigalaatti seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan barsiisan akkasumas haalarratti hundaa'uun ykn kaayyoon fakkeenya kennan ta'uu yeroo yaada kennan, barsiisotnis gama isaaniitiin,adeemsa daree barnootaa keessatti lachan walduukaa deemsisuurratti kan xiyyeeffannoo kennan ta'uu dubbatanis, adda baasuun itti dhimma ba'uurratti itti fayyadama loogaa isaanii guutuu ykn quubsaa kan hintaane ta'uu hindhoksine.

Walumaagalatti, adeemsa akka waliigalaattis ta'e qabiyyee murtaa'aa koorsii tokkoo barsiisuuf fakkeenya kennuu keessatti barsiisotni hedduun Maaliif? yeroo akkam akkamii? haala kamiin? (Fkn.adeemsa koorsiilee garaagaraa kennuu keessatti looga akka walquunnamtii waliigalaatti moo dandeettii barreessuu ykn eenyummaa nam-fakkii ogbarruu keessatti barsiisuu keessatti) loogatti fayyadamuun adda baasuun barsiisuu akka qabanirratti raawwiin gama barsiisota hedduun mul'atu gad'anaa kan ta'eefi rakkoo xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uutu hubatame.

Ragaan bar-gaaffii shanaffaa gabatee kanarraa akka qorataan odeeffachuu danda'etti, barsiisotni, barattootni isaanii looga naannoo garaagaraarratti hundaa'uun hiika jechoota garaagaraa salphaadhaan akka adda baasan gochuurratti maal akka fakkaatanirratti bar-gaaffii dhiyaateef keessaa irri caalaan isaanii, 15(33.3%), raawwiin barsiisotaa 'gad'aanaa' ta'uu sadarkeessaniiru. Ragaan af-gaaffiin funaanames akka mul'isutti, adeemsa

barnoota ifa taasisuufi hubannoo barattootaa garaagaraa bal'isuu keessatti,loogoota garaagaraa barattootaa walbira qabuun xiinxaluun hiikuurratti jechuunis,hiika jechootaa unkaanis hiikaanis walfakkaatanii, jechoota unkaan adda adda ta'an hiikaan garuu walfakkaatan, jechoota unkaan walfakkaatan garuu hiikaan adda adda ta'an akkasumas jechoota faallaa walii ta'an kan ibsan ta'uu mirkaneessanis,yeroo baay'eefi irra deddeebiin kana raawwachuuf kan obsa hinqabne ta'uu dubbatu.Kanaafuu, rakkoo walhubannoo ykn waliigaltee barattootaafi barsiisotaa furuufis ta'e mikaa'ina barnoota afaanii dhugoomsuuf, hiika jechootaa loogota naannoo garaagaraa barattootaa hiikuurratti muuxannoo loogota garaagaraa qabaachuun barsiisuurratti fedhiifi obsa qabaachuun dirqama ogummaa keenya ba'uun nurraa eegama.

Itti Fayyadama Loogaa Afaan Oromoo Yaadannoo Barnootaa keessatti

Kana keessatti, yaadannoo barnootaa barsiisaan barattoota isaaf qopheessuun itti fayyadamu keessatti haalli itti fayyadama loogota garaagaraa, jechoota qabiyyee(content words) iddatteeffaman irratti hundaa'uun haalli faca'insa isaa maal akka fakkaatu xiinxalamuun kan dhiyaate dha.

Argannoon sakatta'a dokimantii akka mul'isuttii, yaadannoowwaniifi mojuulota barsiisotni barattoota isaaniif qopheessan keessatti, hangi itti fayyadama isaanii walcaalus jechootni loogota garaagaraa Afaan Oromoo hunda bakka bu'an mul'achuu danda'aniiru. Jechoota xiinxalaaf dhiyaatan 120(100%) keessaa,jechoota 33tu(27.51%) loogota garaagaraa keessatti addatti ykn qofa qofaatti mul'ate; jechootni looga naannoo Dhiyaa qofarratti xiyyeeffatan 15(12.5%),kan Gidduugala qofaarratti xiyyeeffatan 8(6.67%), kan Baha qofarratti xiyyeeffatan 2(1.67%), kan Kibba Bahaa qofarratti xiyyeeffatan 3(2.5%) akkasumas Kibba qofaarratti xiyyeeffatan 5(4.17%) ta'uu xiinxaluun danda'ameera. Kun kaninni nu hubachiisu, yaadannoo barsiisotni barnootaaf qopheessan keessatti jechootni irra caalaan, 15(12.5%), looga naannoo Dhiyaa irraa kan fudhataman ta'uu isaati.

Hariiroo loogoota naannoo shananii qoqqooddiiwwan adda addaa 25(digdamii shan) keessatti, yeroo tokkotti carraa walfaana mul'achuu ykn dhufuu jechootaa uumameera. Ragaan argannoo kanarraa argame akka mul'isutti, itti fayyadamni jechootaa yaadannoowwan keessatti, loogoota garaagaraa jiran keessaa hariiroo ykn tokkummaa qabaniifi jechootni haala walfakkaatuun walfaana dhufuun irra caalaa kan faayidaarra oolan,15(12.5%), loogota Dhiyaafi Gidduugala ti Kana keessatti,jechootni haala walfakkaatuun

mul'achuufi mul'achuu dhabuun isaanii, hariiroo qabaachuufi dhabuu isaanii guutummaa guutuutti kan mirkaneessu osoo hinta'iin,argannoo kanaatiif sababni haala itti fayyadama jechootaa barsiisotaa murteessaa ta'uutu hubatame.

Gama kaaniin, hanga lakkoofsa waliigalaa 120(dhibba tokkoofi digdama) keessaa, jechootni naannoo loogaa hunda keessatti unka ykn haala walfakkaatuun faayidaarra oolan 9(7.5%) dha. Itti fayyadamni jechootaa haaraa ta'aniifi loogota hunda keessatti hinmul'anne, 6(5%) dha.Kanaafuu, akka hubannoo qorattootaatti, yaadannoowwan barsiisotni qopheessan kana keessatti hangi itti fayyadama jechoota haaraa loogota hunda keessatti beekamtii hinargannee, xiqqaa ta'us hubannoo barattootaan walqabatee kan dhiibbaa qabaatan waan ta'eef jechoota hunda galeessa ta'an fayyadamuun fala ta'uu ibsa.

Rakkoolee itti fayyadama loogaan walqabatanii afaan barsiisuu keessatti mudatan

Ragaaleen akka mul'isanitti, rakkooleen itti fayyadama loogaan walqabatee adeemsa afaan barsiisuu keessatti kan mudatan jiraachuu isaanii mirkaneessa.Rakkooleen gurguddoo barnoota afaanii kunneen, raawwii daree barnootaa afaanii, sakatta'a dokimantii akkasumas raawwiilee qaamoota alaa barnoota afaaniin walqabatan kan gidduugala godhatedha.Isaanis kanneen armaan gadiiti:

Odeeffattootni qorataan odeeffate hundi, baruufi barsiisuu daree afaanii keessatti itti fayyadama loogaan walqabatee rakkoon kan isaan mudatu ta'uu isaa hinhaalle;kunis, barsiisaan looga naannoo hundaa haala mudaa hinqabneefi guutuu ta'en fayyadamu argachuun ulfaataa waan ta'eef rakkoo gama tokkoon mul'atuuf sababa ta'uu ibsu. Kanummaan walqabsiisuunis barsiisotni kunneen"Haalli muuxannoofi leenjii barsiisotaa hanga adda addaa yookiin garaagara ta'etti, barsiisaan hundi looga naannoo hundaa dirqama baruu ykn fayyadamuun barsiisuu hinqabu" jedhu. Kanarraa ka'uunis qorattootni kunniin, gama barsiisotaan rakkoon ilaalchaas jiraachuu isaa taajjabuu danda'aniiru.

Gama kaaniin, akka yaada odeeffannoo kennitootaatti, xiqqaatus guddatus walhubachuu dhabuun barattootaafi barsiisota gidduutti kan uumamu ta'uu isaa ibsuun, adeemsa itti fayyadama jechootaa looga naannoo garaagaraa keessa garaagarummaan bal'achaa deemuufi walhubachuu dhabuun kun yeroo tokko tokko gara rakkoo waldhabdee ykn walitti bu'iinsaatti kan ce'aa tureefi hariiroo barattootniifi barsiisotni gidduu jiru kan laaffise ta'uu isaas dubbatu; akka fakkeenyaattis,haala itti fayyadama jechoota

safuu kaasu. Qorattootni kunniinis, bakka hariiroon cimaa ykn gaarii barattootaafi barsiisota gidduu hinuumamnetti kaayyoo barnoota afaanii dhugoomsuun rakkisaa ta'uu isaa ibsu.

Kanaafuu,rakkoolee sababa walhubachuu dhabuun uumamu hir'isuuf barsiisaan, looga, haala naannoofi hawaasummaa barataa tokkoo ykn lama qofa otoo hinta'iin, barattoota garaagaraa waliin madaqsuun kan barsiisuu qabu ta'uu isaa yeroo ibsan, Chambers &Trudgill *(2004),* akkana jedhu:

A teacher should be able to adapt his speech to the situations and contacts normally expected of an educated speaker including changes required by social distinctions which will remain within a single geographic and social dialect for speaking but would include the various major dialects for understanding (Fuula 121)

Inni biroo, yaadni odeeffannoo kennitootaa garaagaraa akka mul'isutti, tti fayyadamni loogaa barsiisotaa irri caalaa kan looga naannoo murtaa'aa tokko ykn barsiisaa sanarratti duufe ta'uu isaa bifa garaagaraatiin mirkaneeffachuun waan danda'ameef, barsiisotni itti fayyadama loogota naannoo garaagaraarratti muuxannoon qaban baay'ee gad'aanaa ta'uufi rakkoon muuxannoo kan jiru ta'uu isaa hubachiisa.

Qabxiin akka rakkootti adda ba'e inni kaan, malli afaan barsiisuuf barsiisaan fayyadamu gogaa ta'uun isaa bifa garaagaraatiin odeeffachuun danda'ameera.Akka yaada qorattootaa kanneeniittis, malli barsiisaan fayyadamu, haala garaagarummaa, fedhiifi hirmaannaa barattootaa gidduugala hingodhanneen kan hojiirra oolu ta'uutu hubatame.

Haata'u malee, Papapavou (2007), looga garaagaraa barattootaa fayyadamuun barsiisuu dhabuun rakkoo ta'uu isaatiifi rakkoo kana furuuf ammoo, barsiisaan dhimma loogaa garaagarummaa aadaa barattootaa waliin walsimsiisuun hubachuun akkaataa itti barsiisu mijeeffachuu kan qabu ta'uu isaa yeroo ibsu akkana jedha:

> *Educators will thus be better equipped to handle problems of dialect that emerge. As they become more sensitive to the cultural differences that influence teaching and learning, teachers will be able to modify the ways in which they interact with dialect-speakingstudents.*

Argannoo, Goolabaafi Yaada Furmaataa

Argannoo

Ragaaleen, raawwii afaan barsiisuu daree barnootaa keessaas ta'e qophii yaadannoo

barnootaa,bar-gaaffiifi af-gaaffii akkasumas qaacceessa dokimantiin rog-sadeessuun xiinxalamuun argannoowwan isaa haaha armaan gadiin dhiyaateera:

- ✓ Adeemsa afaan barsiisuu keessatti, irri caalaa barsiisotaa gara looga keessatti guddatanii ykn ofiitti luucceessuun kan fayyadamani dha
- ✓ Garaagarummaa loogaa barattootaatiif xiyyeeffannoon kennamus haala naannoo hundaa hammataa ta'een itti fayyadamuurratti muuxannoofi raawwiin barsiisotaa quubsaa miti
- ✓ Barsiisotni hedduun looga idilaawaafi barnootaa jedhanii itti dhimma ba'an kan ifaa hintaane, kan tokkummaa akkasumas qindoomina hinqabne dha.
- ✓ 'Looga barnootaa' jedhamu cinaan, fedhii barattootaa giddugala godhachuun itti fayyadama loogota garaagaraa mirkaneessuuf carraan hiika jeechootaa walbira qabuun xiinxaluu dhiphaadha.
- ✓ Koorsiilee bifa garaagaraan kennaman keessattis loogni barsiisotni fayyadaman irra caalaa amala ykn kaayyoo koorsichaafi seenduubee loogoota barattootaa waliin kan walsiman miti
- ✓ Barsiisotni hedduun yaadannoo barnootaaf qopheessan keessatti unki jechootaa isaan fayyadaman seenduubee barattoota loogaa naannoo hundaa kan bakka bu'u miti.
- ✓ Yaadannoo barsiisotni barnootaaf qopheessan keessatti, itti fayyadamni jechootaa loogawwan naannoo garaagaraa kan xiyyeeffannoo keessa galche ta'us,garaagarummaan faca'insa ykn itti fayyadama isaanii bal'aadha.

Goolabaafi Yaada furmaataa

Kaayyoo guddaan qorannichaa, itti fayyadamni loogotaa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluudha.Yeroo ammaa kana dhimma barnootaa keessaa tokko kan ta'e, waa'een itti fayyadama loogaa xiyyeeffannoo qorannoo afaanii keessaa isa bu'uuraati; adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti looga garaagaraatiif beekamsa kennuun baruufi barsiisuu geggeessuunis kaayyoo barnootaafi milkaa'ina barattootaa kan mirkaneessu ta'uu isaa hayyootni bifa garaagaraatiin ibsaniiru.

Barnootni afaanii itti fayyadama loogaa barsiisotaan walqabate, haala qindoominaafi tokkummaa qabuun akka hojiirra oolu yoo barbaadame, imaammatni ykn qajeelfamni akka waliigalaatti raawwii daree keessaafi qophii yaadannoo barnootaa keessatti, kan

haala itti fayyadama loogaa mirkaneessu qophaa'uu qaba.

Qaawwi muuxannoo gama itti fayyadama loogaan jiru cufuuf koorsiileefi leenjiin itti fayyadamina loogaan walqabatan barsiisotaaf kennamuu qaba.

Barsiisotni malli itti isaan afaan barsiisan haala fedhiifi garaagarummaa barattootaa waliin kan deemu otoo ta'e filatamaadha.

Qophii yaadannoo barnootaa keessatti faca'insi jechootaa loogotaa naannoo garaagaraa hunda walqixxee ta'uu baatus, keessumattuu kanneen itti fayyadamni isaanii baay'ee gadaanaa ta'e, hirmaannaa ykn qooda fudhannaan isaanii daran kana caalaa kan dabaluu qabu ta'uu qaba.

Akkasumas, tajaajilli loogaa dhimma caasaa afaaniirra darbee dhimmoota aadaa,hawaasummaa, naannoo,eenyummaafi kanneen kana fakkaatan waliin walidhata kan qabu waan ta'eef,adeemsa raawwii daree barnootaa keessaa dabalataan adeemsi moggaafama jechootaa ykn waaltina afaanii hanga danda'ametti seenduubee loogota garaagaraa kan giddugala godhate ta'uu qaba.

Walumaagalatti, haala raawwii barnoota afaanii fooyyeessuuf barsiisota gahoomsuurrattii hojjachuu, sirna barnootaa fooyyeessuu,haala ogeessoota garaagaraa hirmaachisaa ta'een imaammata itti fayyadama loogaa mirkaneessu qopheessuu akkasumas afaan karoorsuun(waltaasisuun) garaagarummaa bal'aa mul'atuufi komee gama qaamoota afaan barachuufi barsiisuu keessatti sadarkaa garagaraan qooda fudhataniin ka'an hir'isuun, rakkoolee barnoota afaanii keessatti itti fayyadama loogaan walqabatanii mudataniif furmaata ni ta'an jedhamanii yaadamu.

WABIILEE

Adger, C. & Christian, D. (2007).*Sociolinguistic variation and education*. In Bayley, R. and Lucas, C.(Eds). (2007).

Birhanu, D.(2010).*The Impact of Afaan Oromo Dialectal Variations on teaching-learning process of the language* .A.A.U(unpublished MA thesis)

Getachew. & Derib (2006). *Language policy in Ethiopia: History and current trends*. Ethiopian Journal of Education and Sciences 2, (1), 37-61.

Cheshire, J. (2007).*Dialect and education:* Newcastle: Cambridge ScholarsPublishing.

Chambers&Trudgill,*(2004)The Handbook of Language Variation and Change*, Blackwell.

Chimdi&Iriste.(2019).A Change in [ɗ] and Homonymic Extension in Oromo

Language:*Case Study in Some Dialects of the Language*. www.theijhss.com

Heine.(2012).The Waata Dialect of Oromo: Grammatical Sketch and Vocabulary, Language and Dialect Atlas of Kenya.Journal of the International African Institute, Vol. 55, No. 2, pp. 228-232.

Kebede H. (2012).*Towards the genetic classification of Afaan Oromoo dialects*. Cologne: Köppe. 264pp.

Nancy, H. & Sandra, L. (2010).*Sociolinguistics and Language Education*. New York: Taylor and Francis Group

Papapavou, A & Pavlos, P. (Eds). (2007). *Sociolinguistics and pedagogical dimensions of dialect in education.* Newcastle: Cambridge Scholars Publishing.

White, J. (2011). *Resistance to classroom participation: minority students, academic discourse, cultural conflicts, and issues of representation in whole class discussions*. Journal of Language, Identity, and Education, 10(4), 250–265.

Wolfram & Cullinan, D. (2014). *Educating the educated: The role of university-based linguistic diversity programs.program presented at the American dialect society*, Minneapolis.

Wondimu, T.(2015).The Inclusion of Dialects in Education: An Exploration into the Use of Afan Oromo Dialects in Primary Educational Context. *International Journal of Language and Linguistics. Vol. 3, No. 6, 2015, pp. 360-366. doi: 10.11648/j.ijll.20150306.17*

Yiakoumetti, A. (2007). Choice of classroom language in bi-dialectal communities: To include or to exclude the dialect? *Cambridge Journal of Education*.

APENDICES

Dabalee: Qaacceessa lakkoofsaa (frequency) itti fayyadama jechootaa looga naannoo garaagaraa: yaadannoofi mojuula koorsii barnootaa keessaa

Lakk	Madda	Irra deddeebii jechootaa yaadannoofi mojuula keessaa				
	Itti Fayyadamiinsa jechoota	Xiinqooqa	Dandeettii	Oguma	Waliigala	
		Lakk.	Lakk.	Lakk.	Lakk	Dhibbantaa
1	Jechoota naannoo loogaa hunda keessatti wal fakkaatan	2	5	2	9	7.5
2	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo dhiyaa qofa	6	6	3	15	12.5
3	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa qofa	4	1	3	8	6.67
4	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaa qofa	-	1	1	2	1.67
5	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Kibba Bahaa qofa	1	2	-	3	2.5
6	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Kibbaa qofa	1	2	2	5	4.17
7	Itti Fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Gidduugalaa qofa	3	5	7	15	12.5
8	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83
9	Itti Fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83
10	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Kibbaa qofa	1	-	1	2	1.67
11	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugala, Bahaafi Kibba Bahaa qofa	3	-	2	5	4.17
12	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugala, Bahaafi Kibba qofa	-	-	1	1	0.83
13	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugalaafi Baha qofaa	1	1	1	3	2.5
14	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugalafi Kibba	2	-	-	2	1.67

	Bahaa qofa					
15	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugalaafi Kibba qofa	4	1	2	7	5.83
16	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Baha,Kibba Bahaafi Kibba qofa	-	-	-	-	
17	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Bahaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83
18	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Kibba Bahaafi Kibba qofa	1	-	-	1	0.83
19	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Bahaafi Kibba qofa	-	-	-	-	
20	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaafi Bahaa qofa	1	-	2	3	2.5
21	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83
22	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaafi Kibbaa qofa	1	-	-	1	0.83
23	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa,Baha, Kibba Bahaafi Kibba qofa	2	1	1	4	3.33
24	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa,Bahaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	2	3	2.5
25	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa,Bahaa,fi Kibba qofa	1	-	1	2	1.67
26	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa, Kibba Bahaafi Kibba qofa	-	-	-	-	
27	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaa,kibba Bahaafi Kibba qofa	1	1	2	4	3.33
28	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaafi Kibba Bahaa qofa	2	5	3	10	8.34
29	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaafi	-	-	3	3	2.5

	Kibbaa qofa					
30	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo kibba Bahaafi Kibba qofa	-	2	-	2	1.67
31	Jechoota haaraa ykn afaan biraarraa ergifannaan fudhataman	2	2	2	6	5
	Waliigala	44	35	41	120	100